SACRIFICE 316

# Aarsaa Jiraataa

*"Ammas yaa obboloota ko, araara Waaqayyoof jedhaatii namummaan keessan qulqullaa'aadhaa fi Waaqayyo duratti fudhatamaa akka ta'utti, aarsaa jiraatu gootanii akka isa dhi'eessitan isin nan gorsa; akkasittis hafuuraan Waaqayyoof in sagaddu. Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha."* Roomaa 12:1-2

**Aarsaa kee.** Yaadni qaama kee akka *"aarsaa jiraataa fi qulqulluutti"* dhiyeessuu jedhu yeroo baay'ee karaa dogoggoraatiin hubatama. Haa ta'u malee, Yesuus Kiristoositti kan amantu qofa ta'uu caalaa daandii sirrii agarsiisuu keessatti waan barbaachisaa dha. Lakkoofsi tokko, tokkoon tokkoon amantootaa fayyina booda Waaqayyoof aarsaa addaa akka dhiyeessan gaafata. Lakkoofsi lama, jireenya aarsaa sana booda jiru irratti qajeelfamoota kenna. Guyyaa guyyaadhaan fannoo kee baachuuf Waaqayyoof of kenni, Luqaas 9:23. Haa ta'u malee, kaayyoon Roomaa 12:1 kana miti. Kutaan kun, *al tokko yeroo hundaaf "qaama keessan"* kutannoon, bitamuu fi guutumaan guutuutti Waaqayyoof of kennuun dhiyeessaa jechuun nu abbooma. Kun fayyina miti. Fayyinni aarsaa Kiristoos qofa irratti hundaa'a. Kun adda. Kun aarsaa keeti. Aarsaa guyyaa guyyaa miti. Kun jireenya kee akka aarsaa jiraataa, qulqulluu fi fudhatamaatti Waaqayyoof, haal-duree tokko malee fi umurii kee guutuu dhiyeessuu dha. Ulfina isaa fi faayidaa isaa isa hin daangeeffamneef ofii kee tolaan Waaqayyoof kennuu dha.

**Aarsaan kun maaliif dhiyaata?** Sababa araara Isaatiif dhiyaata. Boqonnaawwan Roomaa 1-11 jiran waa'ee araara Waaqayyoo ibsu. Roomaa 12:1 sababa araara sanaatiif Waaqayyo maal gochuu akka sirraa barbaadu sitti hima. Roomaa 12:2 aarsaa kee *booda* jireenya akkamii jiraachuu akka qabdu irratti gorsoota lama siif kenna. Araarri guddaan Waaqayyoo si fayyisuu fi si qulqulleessuu irratti qabu, boqonnaawwan kudha tokko jalqabaa keessatti ibsameera. Kanaaf, Waaqayyoof of dhiheessi. Innis jireenya kana keessatti fi jireenya bara baraatiin si eebbisa. Haa ta'u malee, kaka'umsi dhugaa aarsaa keetii si dura hin jiru. Duuba kee jira. Kaka'umsi kee inni dhugaan waan Waaqayyo duraan hojjete irratti hundaa'a. Mee yeroo Yesuus harka isaa isa mismaaraan waraaname sana sitti diriirsee, "Silan waan kana hunda siif jecha godheef, kana naaf godhi" jedhee yeroo si gaafatu yaadi. Hiikni Roomaa 12:1 kana dha.

**Aarsaan yeroo tokkoo maaliif?** Sababni isaa hiikni jechoota Roomaa 12:1-2 keessatti argamanii kana waan ta'eef. Gochimoonni Roomaa 12:2 keessatti argaman, *"duuka hin bu'inaa"* fi *"of diddiiraa"* jedhan taatee yeroo ammaa kan agarsiisanidha. Kana jechuun, wantoota lamaan sanneen amma irratti raawwadhu, jireenya kee guutuus kanuma itti fufi jechuudha. Haa ta'u malee, gochimni *"qaamaa keessan dhiyeessaa"* jedhu kan Roomaa 12:1 keessatti argamu, gochima salphaa yeroo ammaa afaan Giriikii keessatti hin argamu. Afaan Giriikiitiin, gocha qeenxee agarsiisa. Raawwachuu itti fufuu jechuu miti. Yeroo hundaaf al tokko hojjedhu jechuu dha. Waaqayyoof of kennuuf kutannoo qabaachuu dha. Akka aarsaatti Waaqayyoof of kennuu dha. Roomaa 12:1 waa'ee aarsaa keetiti. Bara baraaf iddoo aarsaa Waaqayyoo irra of kaa'uu keeti.

**Fakkeenyota Lama.** Keessa Deebii 15:12-17 waan kanaaf fakkeenya ni kenna. Garbichi Ibirootaa bilisa ba'e tokko *feedha isaatin* fi *bara jireenyaa isaa guutuu* deebi'ee gooftaa isaatif garbicha ta'uu filachuu ni danda'a. Filannoon kun araara gooftaa isaa duraanii irratti kan hundaa'e ture. Kunis jaalala garbichi kun gooftaa isaatiif qabu irraa kan ka'e ture. Dhaabbataa ture. Mutaadhaan gurra garbichichaa uruun, bara baraan tajaajilaa gooftaa isaa ta'uu kan agarsiisu dha. Garbummaan kun filannoo garbichichaa ture. Dirqii ofirraa hin qabu ture. Murteen isaa murtee dhaabbataa ture. Fakkeenyi biraa aarsaa beeyladaa Kakuu Moofaa keessatti argama. Beelladni tokko iddoo aarsaa irra kaa'amuuf fudhatama argachuu qaba ture. Beelladni dhukkubsate ykn xuraa'aan fudhatama hin qabu, Lewwoota 1-5. Kun kutaa qulqulluu fi fudhatamaa aarsaa Roomaa 12:1 keetii agarsiisa. Du'uun beeyladaa aarsaa sanaa, aarsaan sun dhaabbataa ta'uu isaa agarsiisa. Beelladni osoo ho'aa jiruu iddoo aarsaa sana irraa bu'e hin jiru. Lubni tokkollee beelladhicha guyyaa biraa dhiheessuuf jecha dhuma guyyaa sanaatti deebisee hin fudhanne. Aarsaan sun aarsaa dhaabbataa ture. Yoo aarsaa kee Roomaa 12:1 iddoo aarsaa irraa yeroo isaa maalee kaafte, kana booda aarsaan sun aarsaa Roomaa 12:1 hin ta'u.

**Aarsaa kee irra deebi'uu.** Aarsaa kee Roomaa 12:1 irra deebi'uu qabdaa? Eeyyee, aarsaan kee fudhatama kan hin qabne yoo ta'e irra debi'uu qabda. Aarsaan Roomaa 12:1, jiraataa, qulqulluu fi fudhatama kan qabu ta'uu qaba. Ati jiraataa dha, Kiristoositti yommuu amantu, *"du'a keessaa gara jireenyaatti darbita,"* Yohannis 5:24. Aarsaa qulqulluu ta'uun itti gaafatamummaa kee ti. Bineeldonni Kakuu Moofaa aarsaadhaaf fudhatama qabaachuu qabu turan. Bineeldonni hundinuu muuda qabeessa turan. Garuu kan hin dhukkubsanne, fayyaa fi xurii kan hin qabne ta'uu qabu turan. Kun waa'ee aarsaa Roomaa 12:1 irratti waan lama agarsiisa. Tokkoffaa, aarsaan kee kan hin dhukkubsanne ta'uu qaba. Dhukkubni cubbuu fi Waaqayyo irraa adda bahuu, fayyinaan fayyuu qaba ture. Kanaafidha Roomaa 12:1 amantootaaf qofa kan barreeffame (lakkoofsa sana keessatti, jecha "obboloota" jedhuun ibsameera). Aarsaan nama hin amanne fudhatama hin qabu, sababni isaas aarsaan sun fayyinaan *dura* osoo hin taane, fayyinaan *booda* dhiyaata. Isa duukaa bu'uu kee dura gara Yesuus dhufuu qabda. Fayyina kee mirkaneeffachuuf, www.Gospel316.org ilaali. Kutaa qulqulluun, sadarkaa qulqullummaa hafuurawaa jireenya amantichaa keessatti fudhatama qabu agarsiisa. Sana booda qofa aarsaan kee Roomaa 12:1, Waaqayyo duratti fudhatama kan argatu. *"Ammas namni warra wanta salphinaa hojjetan irraa yoo of qulleesse, qodaa ulfinaa in ta'a; akkasittis qodaa addaan ba'ee, gooftaa isaatiif waa'ee baasu, hojii gaarii hundumaafis qophaa'aa in ta'a,"* 2 Ximotewos 2:21. Mudaa kan hin qabne ta'uu hin dandeessu. Haa ta'u malee, sadarkaa hafuurawaa fayya qabeessa ta'een akkasumas qulqullummaa gahaadhaan of dhiheessuu ni dandeessa. Aarsaan kee inni jiraataa fi qulqulluun Waaqayyo biratti fudhatama erga argatee booda, irra deebiin aarsaa dhiheessuun si hin barbaachisu. Haa ta'u malee, aarsaan kee kan yeroo gabaabaa waan ta'ef ykn qulqulluu waan hin taaneef, Waaqayyo biratti fudhatama yoo hin arganne, irra deebiin dhiyaachuu qaba. Akka aarsaa dhaabbataa, jiraataa fi qulqulluutti of dhiheessi. Fedha keetiin bara baraan garbicha Waaqayyoo ta'i. Kana waan salphaa hin godhin. Fayyina booda murtoo baay'ee murteessaa ta'e dha. Aarsaan kee erga fudhatama argatee booda, akka duuka buutuu dhugaa Yesuus Kiristoositti jireenya kee itti fufi, kunis jireenya Roomaa 12:2 irratti ibsame, biyya lafaa duuka bu'uu dhiisuu fi jijjiiramuu jechuu dha. Hunda caalaa inni si'iif hojjete, atis Isaaf hojjedhu!

**Jireenya aarsaa kee boodaa.** *"Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa!,"* Roomaa 12:2. Luqqisiin kun jireenya aarsaa kee Roomaa 12:1 booda jiru irratti gorsoota siif kenna. Gorsooni kennaman hiikaan isaanii, jireenya bara isa darbuu duuka bu'uu dhiisuu fi yaada haaromaa walitti fufaa fayyadamuun jireenya jijjiirame jiraachuu dha. Shaakaloota cubbuu biyya lafaa kana duukaa hin bu'in, isaaninis hin qabamin. Akka amanaa tokkootti, biyyi lafaa akka si bocu hin heyyamin. Roomaa 12:2 *"yaada kee haaromsuun akka jijjiiramtu"* si jajjabeessa. Jechi Giriikii *jijjiirame* jedhamee hiikame, jecha Yesuus Maatewos 17:2 fi Maarqos 9:2 irratti *jijjiirame jedhu ibsudha.* Roomaa 12:2 yaada kee haaromsuudhaan (jijjiirama guutuu gara gaariitti) jijjiiramuu akka qabdu yaadachiisa. Fakkeenyi kun (akkuma jijjiirama abbaa coggaarreen gara billaachaatti gootuun caalaa adda ta'eetti) Dubbii Waaqayyoo barachuun akka jijjiiramtu barsiisa. Aarsaa kee Roomaa 12:1 dhiyeessi. Biyya lafaa duukaa bu'uun ishee faana wal hin simin. Dubbii Waaqayyoo yeroo barattu fi jiraattu jijjiirami. Kana booda, fedha Waaqayyoo adda baafachuu fi jiraachuu ni dandeessa.

**"Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha." Roomaa 12:2**

---

*Aarsaa Jiraataa* © 2026 John D. Morris III'n kan barreeffame yoo ta'u, Acts One Eight'n maxxanfame. Ibsa kana guutuu isaa qabiyyee osoo hin jijjiirin bilisaan maxxansuu, waraabuu, dhoobuu, imeelii gochuu ykn qooduu ni dandeessa. Maqaa ykn asxaa tajaajilaa ykn waldaa keetii gubbaa fuula tokkoffaa irrattii fi odeeffannoo qunnamtii keetii gad jallaa fuula lammaffaa irratti dabaluu ni dandeessa. *Sacrifice316* Macaafa Qulqulluu qofa irratti kan hundaa'e dha. Kaayyoon isaas, namoonni Yesuusitti amanuun caalaa jireenya hafuurawaan akka guddatan gargaaruu dha. Acts One Eight'f (yoo danda'ame Afaan Ingiliffaatiin) teessoo armaan gadii irratti imeelii erguu ni dandeessa. Hello@Mail316.org. Tajaajilli hiikkaa kan dhiyaate karaa dhaabbata, www.ChristianLingua.com ti. *Aarsaa Jiraataa*'n afaanota 48'n, www.Prayer316.org irratti bilisaan ni argama. Luqqisiiwwan Afaan Ingiliffaa kan fudhataman Lockman Foundation New American Standard Bible 1995 irraa yoo ta'u, Hiika kana keessatti garuu luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu, gosa MACAAFA QULQULLUU irraa fudhataman.